www.abyssinialaw.com

## Labsii Lak. 94/1997

**Labsii Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Bara 1994 Bahe Fooyyessuuf Labsii Bahe**

Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan fooyya'ee bahuudhaan hojiirra yoo jiraatellee hanqinoota qabiyyee keessattiifi Afaan Oromoo, Amaariffaafi Ingiliffaa gidduutti mul'atu sirreessuun waan barbaachiseef;

Bu'uura Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 keewwata 49(3) (a) fi 112 (2)tiin Labsiin Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 1994 Fooyyessuuf Bahe akka kanatti aanee jiruun labsameera.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun " Labsii Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Bara 1994 Bahe Fooyyessuuf Labsii Bahe Lak. 94/1997" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Fooyya'iinsa**

   Heerri Fooyya'aan Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 1994 bahe akkaataa kanatti aanuun fooyya'eera.

   1) Moggaafamni Mootummaa Naannichaa Amaariffaan "የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት" akka jedhamee waamamu fooyya'eera.
   2) Seensa Heerichaa boqonnaa tokkoffaa keessatti "... imaammattoota dinagdeefi hawaasummaa sirrii hin taaneen nu xaxuun...," kan jedhu " ... seenaa, imaammattoota dinagdeefi hawaasummaa sirrii hin taaneen nu xaxuun...," jedhamee fooyya'eera.
   3) Keewwata 6ffaan " Magaalaan muummittiin Oromiyaa Finfinneedha" kan jedhuun bakka bu'eera.

www.abyssinialaw.com

4) Keewwata 47(2) (d) jalatti kan " Bulchiinsa Naannoo ofiin of bulchuu kaayyoo godhate ni caasessa, " kan jedhu " Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa kan ofiin of bulchuu danda'u dhaabuu kaayyoo godhate ni caasessa," kan jedhuun bakka bu'eera.

5) Keewwata 49(3) (b) jalatti kan " baay'ina uummatichaa, bal'ina Naannichaafi sochii dinagdee hawaasummaa tilmaama keessa galchuudhaan gulantaalee bulchiinsaa dabalataan ni hundeessa," jedhu " Gulantaaleen Bulchiinsaa Heera kanaan murtaa'an akka jiranitti ta'ee baay'ina uummatichaa, bal'ina Naannichaafi sochii dinagdee hawaasummaa tilmaama keessa galchuudhaan gulantaalee bulchiinsaa dabalataan ni hundeessa," jedhamee fooyya'eera.

6) Keewwata 49(3) (c)n " waliigaltee Mootummaa Naannolee miseensota Mootummaa Federaalaa ta'an wajjin taasifamu ni raggaasa," jedhamee fooyya'eera.

7) Keewwanni 49(3) (d)n keewwata haarawaa ta'ee " Maxxansa Magalata Oromiyaa ni hoggana; olaantummaadhaan ni to'ata; ni bulcha;" tumaan jedhu dabalameera.

8) Keewwanni 49(3)(h) "Nagaafi tasgabbii Naannichaa eeguuf humna poolisiifi nageenyaa ni hundeessa," akka jedhamu ta'ee fooyya'eera.

9) Keewwanni 52(1) "Miseensota Caffee harka walakkaa ol kan ta'an yoo argaman yaa'ichi guutuu ta'a, " jedhamee fooyya'eera.

10) Keewwanni 55(9) haarawaan "Baay'inni uummatichaa, teessumni lafaa naannichaa, sochiin diinagdee hawaasummaa kan barbaachisu yoo ta'e gulantaalee bulchiinsaa Heerichaan murtaa'an ykn Caffeedhaan fudhatama argatan walitti ni dachaasa; garagar hira; haarawaan akka caaseffaman ykn gurmaa'an ni godha; " tumaan jedhu tumameera.

11) Keewwanni 57(1) " Pireezidaantichi walitti qabaa Mana Maree Bulchiinsa Mootummaafi Duree Naannichaati," jedhamee fooyya'eera.



12) Keewwanni 57(3) (f) n " humnoota nageenyaafi poolisii kanneen nageenya Naannichaa eegu, seeraafi sirna kabachiisuuf hundeeffaman ni gurmeessa; olaantummaadhaan ni hoggana; ni to'ata;" jedhamuun fooyya'eera.

13) Keewwata 57(3) (h) haarawaan " Manni Maree Aanaa kamiyyuu Heera Naannichaa balaarra buuseera jedhee yoo itti amane bittinsee bulchiinsa yeroo Aanaa moggaasee walga'ii Caffee itti aanutti ni dhiyeessa; yoo ragga'eef filannoon haarawaan ni gaggeeffama; yoo Caffeen sagalee walakkaa oliin murticha kuffise Manni Maree Aanichaa aangootti deebi'a," kan jedhu tumameera.

14) Keewwanni 58 (1) " Itti Aanaan Pireezidantichaa Pireezidaantichaan dhiyaatee Caffeedhaan kan muudamu yammuu ta'u: " jedhamee fooyya'eera.

15) Keewwanni 66(1) " Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannichaa kan Abbootiin seeraafi miseensonni Caffee bakka bu'uudhaan keessatti hirmaatan ni hundeessa," jedhamee fooyya'eera.

16) Keewwanni 73(2) (d)n " Hojiilee sadarkaalee bulchiinsaa biroo godinicha keessatti argamanu olaantummaadhaan ni hoggana; ni qindeessa; ni to'ata," jedhamee fooyya'eera.

17) Keewwanni 82(2) " Miseensota keessaa harka walakkaa ol walga'icharratti yoo argaman walga'ichi guutuu ta'ee murtiinis sagalee caalmaadhaan darbuu ni danda'a," jedhamee fooyya'eera.

18) Keewwanni 87(1) " Dura Taa'aa Bulchaan Aanichaa itti waamamnisaa Mana Maree Aanichaafi Bulchaa Godinichaatiif ta'ee dursaa bulchiinsa Aanichaafi hogganaa hojii bulchiinsaati," jedhamee fooyya'eera.

19) Keewwanni 94(2) " Miseensota keessaa harka walakkaa ol kan ta'an walga'icharratti yoo argaman walga'ichi guutuu ni ta'a," jedhamee fooyya'eera.

www.abyssinialaw.com

3. **Yeroo Labsiin Kun Itti Ragga'u**

Labsiin Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 46/1994 Bara 1994 Fooyyessuuf Bahe Labsiin Lak. 94/1997 kun Qaammee 1 bara 1997 irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.

**Qaammee 1 bara 1997**

**Finfinnee**

**Juneeydii Saaddoo**

**Pireezidaantii**

**Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



## አዋጅ ቁጥር ፺፬/፲፱፻፺፯

### በ፲፱፻፺፬ ዓ.ም. የተሻሻለውን የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ

የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት ተሻሽሎ በመውጣት ሥራ ላይ ቢውልም በውስጥ ይዘቱና በኦሮምኛ፣ በአማርኛና በእንግሊዝኛ ቋንቋዎች መካከል የሚታዩትን ጉድለቶች ማስተካከል በማስፈለጉ፤

በተሻሻለው የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱(፫) (ሀ) እና አንቀጽ ፩፻፯ (፪) መሠረት በ፲፱፻፺፬ ዓ.ም የተሻሻለውን ሕገ መንግስት ለማሻሻል የወጣው አዋጅ እንደሚከተለው ታውጇል::

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ «በ፲፱፻፺፬ ዓ.ም. የተሻሻለው የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፺፬/፲፱፻፺፯» ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል::

**፪. ማሻሻያ**

በ፲፱፻፺፬ ዓ.ም. የወጣው የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት እንደሚከተለው ተሻሽሏል::

፩) የክልሉ መንግሥት ስያሜ በአማርኛ «የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት» ተብሎ እንዲጠራ ተሻሽሏል::

፪) በሕገ መንግሥቱ መግቢያ ምዕራፍ አንድ ውስጥ «......በተዛቡ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ፖሊሲዎች በመተብተብ......» የሚለው «......በተዛቡ የታሪክ፣ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ፖሊሲዎችበመተብተብ ......» ተብሎ ተሻሽሏል::

፫) አንቀጽ ፮ «የኦሮሚያ ዋና ከተማ ፊንፊኔ ነው» በሚል ተተክቷል::

፬) በአንቀጽ ፵፯(፪) (መ) ሥር «ራስን በራስ ማስተዳደርን ዓላማ ያደረገ የክልል መስተዳድር ያዋቅራል» የሚለው «ራስን በራስ ማስተዳደርን ዓላማ ያደረገ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድርን ያዋቅራል» በሚል ተተክቷል::

፭) በአንቀጽ ፵፱(፫) (ለ) ሥር «የሕዝቡን ብዛት፣ የክልሉን ማህበረ-ኢኮኖሚያዊ እንቅስቃሴ ግምት ወስጥ በማስገባት ተጨማሪ የአስተዳደር እርከኖችን ያቋቁማል» የሚለው «በዚህ ሕገ መንግሥት የተወሰኑት የአስተዳደር እርከኖች እንደተጠበቁ ሆነው የሕዝቡን ብዛት፣ የክልሉን ስፋትና ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ እንቅስቃሴ ግምት ውስጥ በማስገባት በክልሉ ውስጥ ተጨማሪ የአስተዳደር እርከኖችን ያቋቁማል» ተብሎ ተሻሽሏል።

፮) አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሐ) «የፌደራል መንግሥት አባል ከሆኑት አጐራባች ክልላዊ መንግሥታት ጋር የሚደረገውን ስምምነት ያፀድቃል» ተብሎ ተሻሽሏል።

፯) አንቀጽ ፵፱ (፫) (መ) አዲስ አንቀጽ ሆኖ «የመገለተ ኦሮሚያን ህትመት ይመራል፣ በበላይነት ይቆጣጠራል፣ ያስተዳድራል» የሚል ድንጋጌ ተጨምሯል።

፰) አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሸ) «የክልሉን ሠላምና ፀጥታ ለመጠበቅ የፀጥታና የፖሊስ ኃይል ያቋቁማል» እንዲባል ሆኖ ተሻሽሏል።

፱) አንቀጽ ፶፪ (፩) «ከጨፌ አባላት መካከል ከግማሽ በላይ የሚሆኑት ከተገኙ ምልዓተ ጉባኤ የተሟላ ይሆናል» ተብሎ ተሻሽሏል።

፲) አዲስ አንቀጽ ፶፭ (፱) «የህዝቡ ብዛት፣ የክልሉ መሬት አቀማመጥ፣ የኢኮኖሚያዊ ማህበራዊ እንቅስቃሴው አስፈላጊ ከሆነ በሕገ መንግሥቱ የተወሰኑትን ወይም በጨፌ ተቀባይነት ያገኙትን የአስተዳደር እርከኖች ያጥፋል፣ ይከፋፍላል፣ አዲስ እንዲዋቀሩ ወይም እንዲደራጁ ያደርጋል» የሚል ተደንግጓል።

፲፩) አንቀጽ ፶፯ (፩) «ፕሬዚዳንቱ የክልል መስተዳድር ምክር ቤት ሰብሳቢና የክልሉ ርዕሰ መስተዳድር ነው» በሚል ተሻሽሏል።

፲፪) አንቀጽ ፶፯ (፫) (ረ) «የክልሉን ደህንነት ለማስጠበቅ፣ ሕግና ሥርዓትን ለማስከበር የተቋቋሙትን የፀጥታና የፖሊስ ኃይሎች ያደራጃል፣ በበላይነት ይመራል፣ ይቆጣጠራል» በሚል ተሻሽሏል።

፲፫) አንቀጽ ፶፯ (፫) (ሸ) አዲስ አንቀጽ በመሆን «የማንኛውም የወረዳ ምክር ቤት የክልሉን ሕገ መንግሥት አደጋ ላይ ጥሏል ብሎ ካመነበተ በመበተን ጊዜያዊ የወረዳ አስተዳደር በመሰየም በሚቀጥለው የጨፌ ጉባኤ ላይ ያቀርባል፣ ከፀደቀም አዲስ ምርጫ ይካሄዳል፣ ጨፌ ከግማሽ በላይ በሆነ ድምፅ ውሣኔውን ከሻረው የወረዳው ምክር ቤት ወደ ሥልጣን ይመለሣል» የሚል ተደንግጓል።



፲፬) አንቀጽ ፶፰ (፩) «ምክትል ፕሬዚዳንቱ በፕሬዚዳንቱ አቅራቢነት በጨፌ የሚሾም ሲሆን፣» በሚል ተሻሽሏል።

፲፭) አንቀጽ ፷፯ (፩) «ዳኞችና የጨፌ አባላት በውክልና የሚሣተፉበት የክልሉ የዳኞች አስተደደር ጉባኤ ያቋቁማል» ተብሎ ተሻሽሏል።

፲፮) አንቀጽ ፸፫ (፪) (መ) «በዞኑ ውስጥ የሚገኙ ሌሎች የአስተዳደር እርከኖችን ሥራ በበላይነት ይመራል፣ ያስተባብራል፣ ይቆጣጠራል» ተብሎ ተሻሽሏል።

፲፯) አንቀጽ ፹፪ (፪) «ከአባላቱ መካከል ከግማሽ በላይ በስብሰባው ላይ ከተገኙ ምልዓተ ጉባኤ ሆኖ ውሣኔም በድምፅ ብልጫ ሊያልፍ ይችላል» ተብሎ ተሻሽሏል

፲፰) አንቀጽ ፹፯ (፩) «የወረዳው ዋና አስተዳዳሪ ተጠሪነት ለወረዳው ምክር ቤትና ለዞኑ ዋና አስተዳዳሪ ሆኖ የወረዳው ርዕሰ መስተዳድርና የአስተዳደር ሥራዎች መሪ ነው» ተብሎ ተሻሽሏል።

፲፱) አንቀጽ ፺፬ (፪) «ከአባላቱ መካከል ከግማሽ በላይ በስብሰባው ላይ ከተገኙ ምልዓተ ጉባኤ ይሆናል» ተብሎ ተሻሽሏል።

## ፫. አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ የተሻሻለው የኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግስት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ን ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፺፬/፲፱፻፺፯ ከጳጉሜ ፩ ቀን ፲፱፻፺፯ ዓ.ም. ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ፣

ጳጉሜ ፩ ቀን ፲፱፻፺፯ ዓ.ም.

ጁነይዲ ሣዶ

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት



www.abyssinialaw.com

www.abyssinialaw.com

# Proclamation No. 94/2005

## A Proclamation Issued To Amend Proclamation No. 46/2001 the Revised Constitution of Oromia Regional State Proclamation

**WHEREAS**, it has become necessary to correct the defects seen in the content and in the Afaan Oromo, Amharic and English Languages;

**NOW, THEREFORE**, in accordance with Article 49(3) (a) and Article 112 of the 2001 Revised constitution of Oromia Regional State the proclamation to amend the 2001 Revised Constitution of Oromia Regional State it is here by proclaimed as follows:

**1. Short Title**

This Proclamation may be cited as, " Proclamation No. 94/2005 Issued To Amend Proclamation No. 46/ 2001 the Revised Constitution of Oromia Regional State."

**2. Amendment**

The 2001 Revised Constitution of Oromia Regional State Shall be amended as follows:

1) The nomenclature of the Regional State. in Amharic has been amended as "የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት" the "Oromia National Regional State".
2) In the first paragraph of the introduction part of the Constitution, the phrase "... tided up with in accurate economic and social policies... " has been amended as ".... tided up with inaccurate history, socio-economic policies... "
3) Article 6 has been amended as," Finfine Shall be the Capital City of the Regional State of Oromia"
4) Article 47 (2) (d) " structurize a Regional State with the object of self-administering... " has been amended as, " structurize Oromia Regional State structure capable of self-administrating,"

www.abyssinialaw.com

5) Under Article 49(3) (b) " establish other administrative structures on the basis of the number of population, area and socio-economic activities" has been amended as, " without prejudice to the administrative structures determined by this Constitution, establish other administrative structures on the basis of the number of population, area and socio-economic activities;"

6) Article 49 (3) (c) has been amended as " approve agreements concluded with Federal member Regional States. "

7) A new article 49 (3) (d) has been added as, " Lead, Supervise and administer the publication of the ' Megeleta Oromia' .

8) Article 49 (3) (h) has been amended as, " establish Police and security forces for maintenance of peace and security of the Region".

9) Article 52(1) has been amended as, " The presence of more than half of members of Caffee shall constitute a quorum."

10) A new Article 55 (9) has been added as, " If required by the number of population, area and socio-economic movements, merge, divide, the administrative structure determined by the Constitution or approved by 'Caffee'; cause new structures be structured or organized".

11) Article 57(1) has been amended as, " The President shall be the chairman of the Regional Administrative Council and the Head of State."

12) Article 57(3) (f) has been amended as. " Organize, lead and control security and police forces of the Region established for the protection of peace, observance of law and order."

13) A new article 57(3) (h) has been added as," dissolve any Woreda Council which it believes has endangered the Region's Constitution and submit to the next meeting of the 'Caffee' by designating temporary Woreda Administration; if approved by the 'Caffee', a new election shall be conducted; if not approved by tha 'Caffee', the Woreda Council shall resume its position."



14) Article 58(1) has been amended as, " The vice president shall be appointed by the 'Caffee' upon the recommendation of the president."

15) Article 66(1) has been amended as, " Regional Judicial Administration Commission, whose members are judges and members of Caffee, Shall be established."

16) Article 73(2) (d) has been amended as," lead, coordinate and control the activities of other administrative structures in the zone."

17) Article 82(2) has been amended as, " The presence of more than half of the members shall constitute quorum and decision shall be made by majority vote."

18) Article 87(1) has been amended as, " District principal Administrator shall be accountable to the District Council, and Zonal Principal Administrator and he shall be chief administrator and leader of administrative activities of the district."

19) Article 94(2) has been amended as, " the presence of more than half of members shall constitute a quorum."

**3. <u>Effective Date</u>**

This Proclamation No. 94/2005 issued to amend the Revised Constitution of Oromia Regional State Proclamation No. 46/2001 shall Come into effect as of September 5, 2005.

**Finfinne,**

**September 5, 2005**

**Juneydi Sado**

**The Oromia Regional State President**